Waan Rabbiin diliiwwan isaan haqee sadarkaalee isaan ol kaasutti isin qajeelchuu?

Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Waan Rabbiin diliiwwan isaan haqee sadarkaalee isaan ol kaasutti isin qajeelchuu?» ni jedhan: Eeyyee yaa Ergamaa Rabbii, isaanis ni jedhan: «wuduu’a osoo namatti jabaatuu waliin gahuun raawwachuu, gara masjiidotaatti tarkaanfii baay'isuu fi salaata booda salaata biraa eeggachuudha, suni hidhannaa cimaa».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- hojiilee diliiwwaniif araarama argachuu fi kitaabban tiksitootaa irraa haqamuu isheeti fi sadarkaaleen jannata keessatti ol ka'uuf sababaa tahan irratti isaan qajeelchuu akka barbaadan sahaabota isaanii gaafatan? Sahaabonni akkana jedhan: Eeyyee, nuti akkas barbaanna. isaanis ni jedhan: Inni jalqabaa: Rakkina akka qorraa, hanqina bishaanii, dhukkubbii qaamaa fi bishaan hoo'aa ta'uu waliin wuduu’a guutanii raawwachuudha. Lammaffaan: Manni irraa fagaatuu waliin gara masjidaatti tarkaanfii heddummeessuudha. Sadaffaan: Yeroo salaataa eeggachuu, qalbii itti rarra'uu, itti of qopheessuu fi masjiida keessa jamaa’aa eeggachuuf taa'uudha, Yeroo salaata raawwate hanga salaanni biraa dhuftutti bakka itti salaate san tura. Sana booda Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhimmoonni kun dubbii hidhannaa dhugaa ta’uu ibsan; sababni isaas karaawwan sheyxaanaa nafsiyyaa irraa waan cuftee, fedhii ishee waan gad qabdee, waswaasa qeebaluu irraa waan ishee dhoorgituuf jecha, kanaani ummatni Rabbii waraana sheyxaanaa injifata; kun jihaada guddaadha, sababaa kanaan sadarkaa hidhannaa eddoo diinaa irratti taate.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3574